




# Bilbila yookin tajaajila intarneetii keessan irratti rakkoo qabduu?

Nuti isin gargaaruu ni dandeenya.

**tio.com.au**

1800 062 058

Telecommunications Industry Ombudsman



# Waayee bilbilaa yookin tajaajila intarneetii irratti Komiiwwan furuu ni gargaarra.

## Tajaajilli keenya kan of-danda'aa fi bilisa ta'edha. Kana jechuun homaa hin kaffaltani akkasumas nutiis waantoota biroo isin irraa hin fudhannu.

**Dhaggeeffattoonni komii induustirii Teeleekoominikeeshinii waantoota kanaa gadii waliin isin gargaaruu danda'u:**

- **Waliigaltewwan:** Wanta hin arganne irrattii waliigaltanii beektuu?
- **Herreegota (biilii):** Gatiin keessan dogongora isinitti fakkaataa yookin kaffaltii irratti rakkoon isin mudatu jiraa?
- **Rakkoowwan fi ulfiina tajaajilaa:** Bilbilli yookin tajaajilli intarneetii keessan hojjetaa hin jiruu?
- **Addaan citiinsa:** Bilbilli yookin intarneetiin keessan addaan citee beekaa?
- **Funaansa (walitti qabiinsa) idaa:** Idaa keessan hin taanee akka kaffaltan gaafatamtanii beektuu?
- **Shaakalliiwwan Gurgurtaa:** Karoorr yookin meeshaan humna keessaniin ol ta'e isinitti gurguramee beekaa?

Telecommunications
Industry
Ombudsman

## Akkaataa isinii fi dhiyeessitoota keessan waliin hojjennu

Yoo isin yookin namni isin bilbiltaniif, bilbila yookin intarneetii fayyadamtu ta'e isin gargaaruu dandeenya. Tarii tajaajila mana keessatti yookin daldala xiqqaa keessatti fayyadamnu ta'uu danda'a. Akkaataan ittiin inni hojjetu kunooti:

1. Dhiyeessitoota keessan waliin komii keessan furuudhaaf yaaltu.
2. Dhiyeessitoota keessan waliin komii keessan furuu yoo hin dandeessan ta'e, nuuf bilbilaa.
3. Yoo komii sana irratti mar'iaachuu dandeenya ta'e ni murteessina.
4. Komii sana furuudhaaf isinii fii dhiyeessaa keessan waliin hojjena.
5. Yoo isiniif fii dhiyeessaan keessan walii hin galle ta'e, tarii dhaggeeffataan komii komii kana furuudhaaf murtoo isiniif kennuu danda'a.

## Nama isin gargaaru argachuu

Namni biraan, kanneen akka hiriyaa, miseensa maatii yookin gorsitoota maallaqaa isiniif yookin daldala keessaniif komii keessan akka isiniif dhiyeessu gaafachuu dandeeessu. Karaa bilbilaa guca eeyyama keenyaa nu gaafadhaa yookin weebsaayitii keenya irraa argadhaa.

## Nu qunnamaa

Komii keessan karaa weebsaayitii keenyaa **www.tio.com.au** yookin lakkoofsa **1800 062 058** irratti bilbiluudhaan nuuf dhiyeessuu dandeessu.

Karaa PO Box 276, Collins Street West, VIC 8007 xalayaa keessan maxxansuu dandeessu yookin 1800 630 614 irratti faaksiidhaan ergaa.

Yoo afaan Ingiliffa irraan adda ta'e fayyadamuu barbaaddan, Tajaajila Afaan hiikaa fii turjubaanaatif **131 450** irratti bibilaa akkasumas isaanis akka nu waliin dubbattaniif isin gargaaruu. Tajaajiloonni kunis bilisadha.

Lakkoofsota armaan olii irratti moobaayiliidhaan bilbiluun tarii isin kaffalchiisuu danda'a.